www.xtrapapers.com



Diploma Programme
Programme du diplôme
Programa del Diploma

# Oromo A: literature – Standard level – Paper 1
# Oromo A : littérature – Niveau moyen – Épreuve 1
# Oromo A: literatura – Nivel medio – Prueba 1

Friday 8 May 2015 (afternoon)
Vendredi 8 mai 2015 (après-midi)
Viernes 8 de mayo de 2015 (tarde)

1 hour 30 minutes / 1 heure 30 minutes / 1 hora 30 minutos

---

**Instructions to candidates**

- Do not open this examination paper until instructed to do so.
- Write a guided literary analysis on one passage only. In your answer you must address both of the guiding questions provided.
- The maximum mark for this examination paper is **[20 marks]**.

**Instructions destinées aux candidats**

- N’ouvrez pas cette épreuve avant d’y être autorisé(e).
- Rédigez une analyse littéraire dirigée d’un seul des passages. Les deux questions d’orientation fournies doivent être traitées dans votre réponse.
- Le nombre maximum de points pour cette épreuve d’examen est de **[20 points]**.

**Instrucciones para los alumnos**

- No abra esta prueba hasta que se lo autoricen.
- Escriba un análisis literario guiado sobre un solo pasaje. Debe abordar las dos preguntas de orientación en su respuesta.
- La puntuación máxima para esta prueba de examen es **[20 puntos]**.

2215 – 0611



© International Baccalaureate Organization 2015

International Baccalaureate
Baccalauréat International
Bachillerato Internacional

www.xtrapapers.com



Dubbisnni lama siidhiyaataniiru. Tokko isaarratti hunda'iti gaaffiiwwan siif laataman deebisi.

**1.**

Mana keessaa sagaleen namaa hindhaga'amu. Daa'imman keessaa taphatan, maatiin keessaa waliin haasawu waan hinjirreef qe'ee abaarsa qabu fakkaata. Muuziqaan dhaga'amu garuu dhaabbii hinqabu. Sagaleen muuziqaa miira namaa fudhatee waan godaanuuf lubbuun gammachuufi gadda gidduutti wixxirffatti. Kanaaf, yaanni yaadalloo isaa eeggatee kan daalalu otoo hintaane akka qilleensa birra asiifi achi raafama.

Abarraan garuu yaadaan cillimoo keessa galeera. Uffata isaa alkanii uffatee qeensa quba isaatii ilkaan isaatiin alafkachaa qaama isaa dhiqachuuf bishaan ho'ee cobnisaa hanga gabatee guututti mana keessaa foolata. Boombaan bishaanii danfa qofa waan tufuf gabatee keessatti bishaan bu'aa jiru bokkaan roobee erga camee booda dhallaaduu irraa taliilli kan cobu faakkaata. Jireenyis akka danfa bishaanii altokko ho'ee, takka turee immoo kan qorru itti fakkate. Jireenya wajjin walsimatee yaanni sammuu isaa keessa naanna'u akkuma balaqqii bakakkaa altokko ni'ifaaf. Battaluma sana immoo keessaa badeeti itti dimimisa. Yaanni Abarraa akka bishaan gabatee asiifi achii waan raafamuuf waan tokko qabatee haanga dhumaatti deemuu hindanda'u. Kanaafuu, waloo, yookiin barreessaa yookiin artistii ta'uuf fedhiin uumaan qabu keessa isaatti awwaalameera. Lubbuun isaa garuu hanga dhumaatti raafamaa hafti.

Abarraan sammuun isaa akka boqonnaa hinqabnne waan beekuuf, "yaanni xumura hinqabu. Kamis ta'u jiraachuudha. Mi'aa jireenyaa beekuu; beekanii dhamdhamachuudha. Yaanni garuu bakkee isaa otoo hingeenye karaatti hafu bu'aansaa aariifi hadhaa dhangaggooti" jedha.

Abarraan mana keessa otoo naanna'uu tisiisnni guddaan isaa aga seenee gorroorra naanna'aa sagalee 'xiziizii…' jedhu dhageessisuu jalqabe. Tisisnni kun altokko daawiitii foddaa wajjin walitti bu'a; altokko immoo wangoo wajjin walrukuta. Yommuu sana Abarraan mana keessa naanna'uu dhiiseeti tisiisicha ari'ata. Ajjeesuuf tattaaffi godhe. Garuu otoo hinajjeesiin tisiisichi 'xiziizii…' jechaa karaa qaawaa mana keessaa alatti ba'e. Abarraan tisisicha sadaan ilaaleeti, "ani garuu xaxoofi takaallaa jireenyaatiin waan hidhameef qaawaan keessaa ittin ba'u hinjiru" jedhe. Tisisnni mana keessaa baanaan Abarraan otoo hintaa'iin balbala banatee gadi ba'e. Ol aseeneeti immoo meeshaa mana isaatii tokko tokkoon ilaaluu jalqabe. Alli aduu waan ta'eef wantoonni ala jiran martinuu miidhaginaan nama simatu. Manni Abarraa keessi garuu ifaan miidhagina kennu dhabamee dimimmiseera. Halluun soofaa mana isaatii dimatee miira namaa hawwataa kan ture amma garuu dhiiga itite fakkaata. Golgi foddaa mana isaatii halluu gurraachaafii diimaatiin walsimatee miidhagina goonfatee kan ture ifaa dhabee cilaattii uffateera. Alaa gara manaa yoo seenan gorroo harka bitaatti argamu irratti surri fannifame halluu heedduun hojjatamee miidhaginni isaa ilaalanii kan hinqufne ture. Hamma garuu quncee mukaa goggoge fakkateera. Abarraan suura fannifame fajajeeti ilaala. Kallattiin suura waan ilaalu fakkaata malee suura keessaan jireenya fandalalaa dabarseefi kan keessa jiru ilaalu jalqabe. Kan gara fuulduraas maal akka ta'u akeekuuf yaale. "Ani eenyu? Ani maali? Meeshaadha? Meeshaa gatii hinqabne kan tortore moo? Meeshaa ta'ee akkan hafu kan nagodhe maali? Anuma moo? Yookiin ummata nahore moo? Yookiin Dhaabbata barmootaa keessa dabarsee dhufemoo? Dhaabbata barmoota maalii? Kaayyoon Dhaabbatichaas maali laata? Irra keessa kan gulufsiisuudha? Kaayyoo maaliiti? Kaayyoon barmootaa eenyumtu akka of beeku kan godhu, dandeettii uumaan qabu akka hubatu gochuu ture. Ani garuu eenyu?" jechaa ija isaa suroota fannifaman irraa otoo hinbuqqifatiin yeroodhaaf fajajee ture.

Abarraan waloo, yookiin barreessaa, yookiin immoo Artistii fakkii ta'uuf hawwiin qabu karaatti hafuun isaa godaanisa sammuu itti ta'eera. Kana malees, mindaan ji'an argatu jireenya gaarii jiraachuu waan isa hindandeessifneef kunis madaa qubaa itti ta'eeti hirriba isa dhowwa. Aariin mana bunaa yoo dhaqe, " kunis jireenya gara dhaqan dhabeenya…" jechaa yaadaan godanuu amala godhateera.

www.xtrapapers.com



Gama biraatiin, rakkoo jiru irratti dabalatee obboleessi isaa obbo Abaataafi hiriyaan isaa Hayilamaaram dhukkuba bowwoo itti ta'aniiru. Abarraa irraa abbaan isaa ijoolluummaan waan du'aniif akka abbaatti kan isa guddise obboleessa isaa obbo Abaataadha. Kanaaf, Obbo Abaataan gargaarsa Abarraaf godhan otoo hindubbatiin hindarban. Abarraan lafee nyaachuunsaa yookiin imaanaa obboleessa isaatii gatuun isaa yeroo hunda isaan gaddisiisa. Yoo isa arganis, "yaa obboleessa koo, siguddisee harka sirraa dhabuun koo nagaddisiisa. Kana malees, fuutee daammani horattee, duudhaafi safuu qabaattee otoo nama hintaane mana bunaa keessatti lubbuun kee akka hindarbinen yaadda'a" jedhuun. Kun Abarraaf gorso otoo hintaane dhukkuba sammuuti. Haaluma walfakkaatuun Hayilamaaramis daddabalee isa gorsuu hanga humnasaatii nitattaafata "mee fuudhiiti jireenya haara ilaali! Daa'ima horadhuu guddisuu yaali! Yoosuu hawwiin kee siimilkaa'uu danda'a" jedheeti Abarra gorsa. Abarraan garu, "lama taatanii nan raateessiina. Naraateessuu bira darbitanii nan maraachiina!" jedha malee yaanni obboleessa isaatiis ta'e gorsi hiriyaa isaatii gurrarra isaarra hinyaa'u. Abarraan yaadaan gulfaa, jireenyi isaaf xonboora qabattee ifaan isa hinsimattu. Ibsaa dukkana keessaa taateeti gara wallalchisaa jirti.

Ba'alu Girma, *Kaadimas Bashagger* (1970)

(a) Barreeffama armaan olii keesatti fakkoommiiwwan hangam bu'a qabeesa akka ta'aniifi jireenya goobaangaleessaa wajjin walsimachuu isaanii qaacceessi.

(b) Mala barreessuu keessatti raaginsaafi mil'ootti fayyadamuun asoosamaaf maal akka gumaachu xinxali.

www.xtrapapers.com



**2.**

Madditu Gibee
osoo ifa agartee
dukkanaan ifa
ifaan dukkana
gonka hati hinjeeettu
osoo of agartee gennu,
manaaba koo sana
midhaga kee kana
sinboo akka dilbaa
ayyaana ulfaataa
rabbi siif late
lammiirraas dhalatee
kaan ittiin caalte
kaaniin qixxaattee!
akka Odaa gooroo
fagoo mul'atta
urjii samiirraati
sirraan addaata
bantii kee kubbaa
risaat qubata
miila kee jala
nammi hirreeffata

Assaffa Teferra, *Anaaniyaa* (1998)

(a) Walaloo armaan olii keessatti "laggi" maal fa'aa agarsiisa?

(b) Waloon sadoommiiwwan adda addaatti akkamitti fayyadame? Sadoommiiwwan kunis isaan kami?